Maahanmuuttovirasto
Migrationsverket
Finnish Immigration Service

# Filmaata Godaantota Koota Fiinlaandiif

**Qajeelfamni kun sababa waraanaan, godaansaan yookaan walitti bu'iinsaan biyya dhaloota isaaniitii gara biyya kaaniitti godaanuun warreen UNHCRtti abbaa dhimma taatani galmeeffamtaniif akkasuma eegumsa idil addunyaaf warreen iyyattaniif kan qophaayee dha.**

## 1. Dhiyeessii UNHCR Fiinlaandiif



Hojjettoota Ejensiin Godaantotaa Mootummoota Gamtaawwanitti sababoota godaantuu isin taasise  akkasumas haala biyya dhaaoltaa fi biyya amma keessa jiratni himtaniittu. UNHCR deebisanii qubsiisuu akka isin barbaachisu hubateera. Haatauyyu malee UNHCR biyya kamiif gaaffii deebisanii qubsiisuu isini dhiyeessu akka qabu filachuu hindandeessani. Akkasumas Fiinlaand godaantonni koota murtaawan qofaan Fiinlaandiif akka dhiyaatan hin gaafattu

UNHCR Fiinlaand keessa akka qubattan walbarnoota dhiyeessuuf murteesseera. UNHCR Tajaajila Godaantotaa Fiinlaandiif waayee eenymmaa keessanii akkasumas haala keessa jirtan odeeffannoo wabiin degerame dhiyeesseera.

## 2. Af-gaaffii filmaata koota.



Fiinlaand dhiyeessii walbarsiisaa UNHCR keessumsiisuun af-gaaffii isinii taasisti. Afgaaffii fillannaa koota kaninni geggeeffamu biyya amma keeeessa jiraattanitti Fiinlaandi irraa halaala ta'e keessatti. Ergamtoonni filannaa Fiinlaand kun itti-gaafatamtoota dhaabbilee adda-addaa keessaa kan walitti dhufan ofkeessaa qaba. Ergamtoonni filannaa  godaantummaa keessaniif dhimmoota sababa ta'an; akkasumas haala biyya dhaloota keessaniif bakki amma jirtanis maal akka fakkaatu gaaffilee dabalataa isin gaafatu. Af-gaaffi kana keessattis qubsummiin rakkina isin mudateef furmaata fooyyee qabu ta'usaa mirkaneeffatu. Odeeffannoon isin kennitan aangowwaan Fiinlaand warreen mirga odeeffanno argu qabaniin deemsifama. Odeeffannoon keessan aangowwan biyya keessaniif dabarsame hin kennamu.

## 3. Murtee Waajjira Immigreeshini



Af gaaffiin filmaata kootaa eega taasisamee baatii lama booda Tajaajilli Immigreeshinni Fiinlaand murtee filmaata kenna. Otoo murtee odeeffannoo filmaata Fiinlaand hiargatniin dura haalli keessan yookaan haallii maatii keessanii yoo jijjirame tahe waayee jijjirama tahe kana UNHCRiif odeeffannoo dhiyeessaa. Jijjiramni akkanaa fakkeenyaaf fuudhaa fi heeruma, ulfaawuu, jijjirama hariiroo odeeffannoo haaraa tahuun ni mala.



## 4. Waayee Hayyama Jireenyaa Kennuu

Kootaa godaantota Fiinlaandi keessatti yoo filatamtan tahe wwajjirri immigreshini hayyama jireenyaa isini kenna. Odeeffannoon murtee kanaa nama hojjetaa UNHCR tahe tokkorraa isin qaqqaba.

## 5. Leenjii waayee hawaasa Finland



Biyya jiraattan keessatti leenjii guyyoota 3-4 turu isini qopheessuuf kaayyoo kan qabnu yoo tahu, gara Fiinlaanditti waayee jijjiiramu, waayee hawaasa Finland, waayee afaan Fiinlaand barachuu odeeffannoon isini kennama. Leenjiin kun kan geggeesamu afaan keessaniin yookaan karaa nama afaan isinii hiikuuti. Jaarmiyaan Godaantota Idil Addunyaa (IOM) guyyaa leenjii kanaa fi leenjii kanaan dhimmoota hidhata qaban isin beeksisa. Guyyoota leenjiin kanaaf leenjii keessanii fi waldhaansa keessaniif Fiinlaand ni kaffala.

## 6. Waayee Gara Fiinlaanditti Jijjiiramuu



Aangowwan Fiinlaand Fiinaalnd keessaa hawaasa isin simatu isinii qopheessa. Hawaasi keessa jiraattan tajaajiloota adda-addaa, fakkeenyaaf barnoota, hojii, kan hawaasaa fi kan fayyaa, ijoolleef oolmaa daa'immanii fi mana barnootaa deggersa kiraa manaa qajeelfamaa fi gorsa isini kenna.

Hawaasi isin simatu eega mana jireenyaa isiniargee booda Jaarmayaa Godaantoa Idil Addunyaa (IOM) gaaffii tajaajilli godaantota Fiinlaand hundeeffachuun imala gara Fiinlaaditti taasistan isin qindeessa; imaluufis raagaalee barbaachiso tahan hunda fudhata. IOM isin qunnamuun qophiin imala keessanii guutuu ta'usaa mirkaneeffata. Tajaajilli immigreshini Fiinlaand imala biyya jiraattani gara Fiinlaandi gootaniif baasiisaa hunda ni kaffala.

Fannoo Diimaan Fiinland (SPR) buufata xiyyaaraa Helsinki-Vantaa tti argamee isin simata. Imala keessan itti fuftani buufata xiyyaaraatii gara hawaasa keessaniitti imaluu dhaan mana keessan isa haaraa geessu.

## Odeeffannoo Dabalataa :

Odeeffannoo
waayee maatiin walitti deebi'uu:
link.migri.fi/perheenyhdistaminen-orm

Odeeffannoo
Akkaataa qabinsa odeeffannoo dhuunfaa: link.migri.fi/henkilotietojen-kasittely-orm